# سُورَةُ الذَّارِيَاتِ
# Suuraa Zhaariyaat

قبل كل شي هذه هي سورة الذاريات

*Dura dursoo suuran tun suuraa {zhariyaat} je'amti.

وهي سورة مكية

*Isiin suuraa makkaati

وآياتها ( ٦٠ )

*Aayaanni isi'ii jahaatarna {60}

وعددها ( ٥١ )

*Lakkooysi isi'ii shantamii tokko {51}

نزلت بعهد سورة الأحقاف

*Isiin eega suuraa ahgqaafii buute

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَٰنِ الرَّحِيمِ

*Jalqabni dubbi'ii maqaa Rabbiitii, Rabbii rahgmata qabu.

وَالذَّارِيَاتِ ذَرْوًا ﴿١﴾

1}*Qilleensa,takkaa lubbee lafaa kaatu , qilleensa dhukkee lafaa kaasu, qilleensa jabaa cirracca bakka takkaa fuudhee bakka takka gees sun khakhadhee.

فَالْحَامِلَاتِ وِقْرًا ﴿٢﴾

2}* Ammallee duumessa rooba ba'atee deemun khakhadhee.

فَالْجَارِيَاتِ يُسْرًا ﴿٣﴾

3} * Ammallee safiinaa bishaan gubbaa suuta namaan deemtun khakhadhee.

فَالْمُقَسِّمَاتِ أَمْرًا ﴿٤﴾

4} * Ammallee malaaykaa dubbii Rabbii qooddu , takkaa rooba takkaa rizqii rabbii gabroottan isarra qooddun khakhadhee, malaayka'arraa warra waa qooddu gurguddaan afuri:
Tokko: Jibriil je'ama inni anbiyootafii Rabbii isaanii jidduu deema, ammallee namni warra Rabbitti balleesse qixaaxu'uu ergamu jibriili. Lammeysa : Miikaa'iili je'ama.inni kan rizqi'iifii rooba qoodu.
Sadeessan :Israafiili, inni kan garrii duraatifii ,garrii lammeysa'aa afuufu. Tan duraa tan qiyaaman dhaabbatuu beysiftu. tan hoggaa isiin afuufamte wahayyuu lafarraa dhumtu ,waan Rabbiin fedhe rnalee . ammoo garriin lammadaa tan hoggaa isiin afuufamte namuu qabri'ii kaafamu Afreessan: Izraa'iili je'ama, kan waan Rabbiin du'a itti mure keessaa, lubbuu fuudhu ashkara isaatin wajji, duuba Rabbii qilleessafii, duumessaa, safiinaa malaaykaa waan Rabbiin dalagaa, yookaa qoodaa je'een dalayduun khakhatee, akki je'e,

إِنَّمَا تُوعَدُونَ لَصَادِقٌ ﴿٥﴾

5}*Wanni, ni dhufa jennee isinitti odessine kan akka qabri'ii kaafamu'uu. kan akka aakhira'atti sawaaba takkaa kgiqa aba mudatu'uu,takkaa qunnamu'uu dhuga'aa khijibaa miti.

وَإِنَّ ٱلدِّينَ لَوَٰقِعٌ ﴿٦﴾

6}*Waan dalaganirratti jazaan namaa galuun ,irratti qaxxa'amuun,takkaa sawaaba argatuun, waan argamu'uu taa'u, kan irraa hafiinsi hin jirre, kan shakkiin qabne.

وَٱلسَّمَآءِ ذَاتِ ٱلْحُبُكِ ﴿٧﴾

7}*Samii kharootii akkaan tole qabdu, tan jaarmaya jabaa, miidhagaa, jaaramteen khakhadhee.

إِنَّكُمْ لَفِى قَوْلٍ مُّخْتَلِفٍ ﴿٨﴾

8}*Isin ormi kuffaaraa, jecha adda addaa addaa keessa jirtan,jecha adda addaati, ergamaa kiyya Muhammadiin jettan ,isinirraa nama falfalaa, yookaa nama sihgrii godhu, isaan je'uutu jira. Ammallee isinirraa, nama wallisaa, isaan je'uutu jira. ammallee isinirraa, nama ragaa laalaa, isaan je'uutu jira, ammon gariin keessan, kan ergamaa keenyan maraataa je'uutu jira, wanni kana hundaa je'aniinif, ittuma amanuu didda'aafi malee, isaatu waan isaan je'aniin san .qaba'aafii miti, hundi isaanii akka nabi muhammad waan isaan je'aniin sanirraa qulqulluu taye ni beekhanii. Duuba Rabbiin akki je'e.

يُؤْفَكُ عَنْهُ مَنْ أُفِكَ ﴿٩﴾

9}*Namni nabi muhammaditti amanuu didu, takkaa irraa gara gale, kan qur'aana qeebalu'urraa gara gale, nama Rabbiin qajeello'orraa gara galuu itti mure. kan jiruu gaarii addunya'aafii, Aakhira'atti argatu'urraa hoogayuu, Rabbiin isaaf, azalitti dabarse. Isaan abaduma warra amanuu miti,

قُتِلَ ٱلْخَرَّٰصُونَ ﴿١٠﴾

**10}***Warri kijibu ,bade warri ergamaa keenya Muha mmadiin, falfalaa yookaa wallisaa, yookaa maraataa, je'ee kijibu ,waan inni hin qabne, irra kaayu sun, abaarame ,waan je'an sanirratti qixaaxamu'uuf jiraatan, {Kharraasguuna} jechuun : khijibdoonni jechu'u, {Qutila} jechuun; abaarame , bade, jechu'u.

ٱلَّذِينَ هُمْ فِى غَمْرَةٍ سَاهُونَ ﴿١١﴾

**11}***lsaan warra, kufriin isaan hagooydee aakhiraa dagatan, takkaa irraanfatan.

يَسْـَٔلُونَ أَيَّانَ يَوْمُ ٱلدِّينِ ١٢

**12}***Ormi kuffaaraa sun, qishnaaa jecha , guyyaan qiyaama'aa kan nuun sodachiftu sun, yoorn dhufa je'ani iti, nabi muhammad gaafatan.duuba Rabbiin isaanii deebisee akki je'een.

يَوْمَ هُمْ عَلَى ٱلنَّارِ يُفْتَنُونَ ١٣

**13}***Guyyaan qiyaama'aa sun guyyaa isaan ibidda,seensifamanii, ibiddaan gubaman.

ذُوقُوا۟ فِتْنَتَكُمْ

*Kan azaaba keessatti, azaaba keessan kana dhandhamaa.isaanin je'amu,

هَـٰذَا ٱلَّذِى كُنتُم بِهِۦ تَسْتَعْجِلُونَ ١٤

**14}***Azaabni kun kan addunya'arratti jarjarsiifatuu turtanii.maalif wanni kuffaarri je'uu ture:yaa Rabbi yoo wanni muhammad je'u, dhugaa taate ,azaaba sami'ii nutti buusi, jechu'u, qishna'aaf jecha. duuba malaaykan ibidda keessa dalaydu, azaabni isin barbaaddan kanaa, dhandhamaa jettiin.

إِنَّ ٱلْمُتَّقِينَ فِى جَنَّـٰتٍ وَعُيُونٍ ١٥

**15}***Warri Rabbi sodatu, aakhira'atti jannata seenaniiti,masnoo jannataa tan ijji bishaanii alii gad keessa yaatu, keessatti qanani'an.

ءَاخِذِينَ مَآ ءَاتَىٰهُمْ رَبُّهُمْ ۚ

*Isaanii, waan Rabbiin isaanii kenne jaalatee, fudhatee, gammadu. wanni Rabbiin waan isaan jaalatanii, irraa gammadan, isaanii kenneef,

إِنَّهُمْ كَانُوا۟ قَبْلَ ذَٰلِكَ مُحْسِنِينَ ١٦

**16}***Isaantu addunya'arratti warra tole tayuu ture, jecha'aaf.

كَانُوا۟ قَلِيلًا مِّنَ ٱلَّيْلِ مَا يَهْجَعُونَ ١٧

**17}***Waan isaan tolaniinirraa tokko; isaan halkanirraa waa xiqqo qofa rafanii, waan kaan salata'aatii bulan.

وَبِٱلْأَسْحَارِ هُمْ يَسْتَغْفِرُونَ ١٨

**18}***Isaan waytii hiraabaa araara Rabbirra barbaadan, waan waajiba Rabbii, hundaan hin dhaabbannee yaadaniif jecha.

وَفِىٓ أَمْوَٰلِهِمْ حَقٌّ لِّلسَّآئِلِ

*Warra Rabbiif qajeele san horii isaanii keessa haqaatu, yookaa qoodatu warra waan qabne, kan waa khadhatuuf jira. Nama deegaa waa kadhatuuf horii isaanirraa waa qoodanii kennan jechu',

وَٱلْمَحْرُومِ ﴿١٩﴾

19}*Ammallee nama waan qabne kan nama waan kadhanne, kan namni duressa je'ee, waa isaafkennuu dhiisuf, isaan horii isaanirraa waa kennan. warra jannataa Rabbiin waa sadiyiin faarse: kan duraa halkan waa xiqqo malee hin rafanii, dhaabba ta'aati bulan . kan lammeysu'oo horii isaanirraa nama haajamuuf waa kennan. kan sadeyso'oo halkan gama boodaa ka'aniitii araara Rabbirra barbaadan, waan sadeen kanaan jannata haqa godhatan.

وَفِي ٱلْأَرْضِ ءَايَٰتٌ

*Dachii tanarraa alaamaa, yookaa mukgjizaa dandeytii Rabbii himtu heddu'uutu jira, aayaata tokkummaa Rabbii beysiftu, baayye'eetu jira,

لِّلْمُوقِنِينَ ﴿٢٠﴾

20}*Warra aylii qabu, kan waan uumame laalee Rabbii isii uume beekhuf, wanni tokkummaa Rabbii nuu akeeku, kan lafa tanarra jiru sun, kan akka waan mayruu, kan akka waan lubbuu qabuu, kan akka gaaraa, baharri, lagaa, kan akka afaan namaa, kan adda addaatifii, bifa isaanii tan adda addaati.

وَفِيٓ أَنفُسِكُمْۚ أَفَلَا تُبْصِرُونَ ﴿٢١﴾

21}*Si lubbuma teessan keessaa raga dandeytii Rabbiititu jiraa,laaltanii hin agartanii? dhaloota keessanirraa qabdanii, hanga dhuma jiruu teessanitti, yoo gad qabtanii laaltan,akka Rabbiin isin uume dandayaa, beekaa tokkicha taye ,akka eega duutanii, akkuma duraan innumti isin uumetti, isin uumee, isin deebisuu dandayu, ni hubattanii.

وَفِي ٱلسَّمَآءِ رِزْقُكُمْ

*Razqiin teessan, wanni j iraattaniin , samii keessa isiniif jirti, rizqiin namaa tan samii keessa isaanif jirtu :rooba. Kan sarni'ii bu'ee, namni dhugee, dachiin dhuydee, horiin dhugee, dachiin rooban waa magarsitee, horiin dheedee, foonifii, aanan tayee, namni nyaatee, dhugee, akkasitti jiruun namaatifii, ta hori'iitii, ta biyye'elleen roobarratti dhaabbatti, akkasitti rizqiin namaa, samii keessa jirti waan roobni, sababaa waan namaa saani jiraatunii tayeef jecha,

وَمَا تُوعَدُونَ ﴿٢٢﴾

22}* Ammallee wanni Rabbiin isinii qopheesse, sawaabafii, azaabni samii keessa jira.achitti katabame jechu',

فَوَرَبِّ ٱلسَّمَآءِ وَٱلْأَرْضِ

*Rabbii sami'ii dachii uumenan khakhadhaa,

إِنَّهُۥ لَحَقٌّ

*Rizqiin teessaniifii, wanni Rabbiin isinii qopheyse, samii keessa jiraatun dhuga'a, waan shakkiin qabne,

مِّثۡلَ مَآ أَنَّكُمۡ تَنطِقُونَ ٢٣

23}*Inni akkuma waan isin dubbattaniiti duuba akkuma waan isin dubbattan, kan afaan keessanii baye, hin shakkine, kan numaatu dubatee yaaddan, akkasuma rizqiin teessan, samii jiraatuu hin shakkinaa, rizqiin tees san isinii qophooytee, qoodamtee jirtii, namuu waan isaaf qoodame hin dhabuu. rizqiin akkuma dubbi'iitii, abbaa rizqii saniitin addan baatu. nabi Muhammad akki je'e; {tokkoon keessan,odoo rizqii isaa dheysuudhaa ceyee, silaa rizqiin isaa, isajala ceeteti, akka duuti isa dhaqq-abdutti isa dhaqqabdii}

هَلۡ أَتَىٰكَ حَدِيثُ ضَيۡفِ إِبۡرَٰهِيمَ ٱلۡمُكۡرَمِينَ ٢٤

24}Yaa ergamaa kiyya Muhammad odu-un keessummaa khabajamtu nabi ibraahi-imitti dhuftee, takkaa si geessee?, nuutu sii himaa isaan jibriilifii, miikaa'iilii, isra-afiili, oduun isaanii gaafni jalqabamte.,

إِذۡ دَخَلُواْ عَلَيۡهِ فَقَالُواْ سَلَٰمٗاۖ

*Gaafa dhufanii itu seenanii nagayaa je'anii nagaya gaafatanii,

قَالَ سَلَٰمٞ

*Ee nagaya,

قَوۡمٞ مُّنكَرُونَ ٢٥

25}*Isin waan naman beekhuu mitii akkam je'ee.

فَرَاغَ إِلَىٰٓ أَهۡلِهِۦ

*Suuta kha'ee, odco keessummaan quban qabaatin, warm isatti dhaqee.

فَجَآءَ بِعِجۡلٖ سَمِينٖ ٢٦

26}*Dibicha gabbataa qalee, foon isaa waaddee fidee.

فَقَرَّبَهُۥٓ إِلَيۡهِمۡ

*Isaan dura kaayee, itti dhiyeessee,

قَالَ أَلَا تَأۡكُلُونَ ٢٧

27}*Duuba isaan nyaatuu, dhabnaan ma-al hin nyaattanii? je'een

فَأَوۡجَسَ مِنۡهُمۡ خِيفَةٗۖ

*Duuba isaan nyaata isaa nyaatuu dha-bnaan,isaan sodaatun qalbii isaa buute. maalif aadaadhatti .kheessummaan yoo nyaata namarratti didde,waan hamtu'uu yaa'uu isaanitu irraa beekkama,

قَالُواْ لَا تَخَفۡۖ

*Keessummaan sun, isaa sodaatu garraan, yaa ergamaa Rabbii, nuti malaaykaa Rabbiitii, hin sodaatin je'aniin. hoggaa san sodaan irraa deemtee, haasawatti seenanii,

وَبَشَّرُوهُ بِغُلَٰمٍ عَلِيمٖ ٢٨

28}*Ormi rnalaayka'aa, sun nabi ibraahiim , ilma jaartii tee,saarra'arraa argatta je'anii, gammachiisan, ilma gaafa guddate aalima tayu i1mi isaan gammachiisaniin sun (is-haaqi},

فَأَقۡبَلَتِ ٱمۡرَأَتُهُۥ فِي صَرَّةٖ

*Duuba jaartin isaa, saarran hoggaa waan malaaykan jettu dhageessu, isi'ii qooqa ol fuutee dubbattu, isaanitti dhuftee,

فَصَكَّتۡ وَجۡهَهَا وَقَالَتۡ

*Fuula isi'ii if dhoytee, wanni malaayka'aan jette,

عَجُوزٌ

* An dullatti'ii, barri kiyya yookaa umriin tiyya, bara sagaltamii sagalii,

عَقِيمٞ ٢٩

29}*Saniin wajji, takkaan dhallee, akkamittan dhalaajettee, ajaa'iba goote.

قَالُواْ كَذَٰلِكِ قَالَ رَبُّكِۖ

*Isiin akkas jennaan, malaaykan akki jetteen, Rabbiin kee, akkas je'ee.ilrnaan si gammachiisee, ni dhaltaa, eeggadhu,

إِنَّهُۥ هُوَ ٱلۡحَكِيمُ

*Rabbiin kan waan malu dalaguu sin warra gaari'ii, ilma argatuun, isiniin malaa

ٱلۡعَلِيمُ ٣٠

30} * Ammallee Rabbiin nama kennaa isaa haqa godhatu ni beekhaa. isin warra kennaa isaa haqa godhatuu

۞ قَالَ فَمَا خَطۡبُكُمۡ أَيُّهَا ٱلۡمُرۡسَلُونَ ٣١

31}*Duuba nabi ibaraahiim wanni malaaykaadhan je'e yaa ergamoota rabbii, ar'a waanuma jabdu'uuf, yaatan natti fakkaataa ,eessatti yaatanii, maal barbaadu'uu yaatan.je'een .

قَالُوٓاْ إِنَّآ أُرۡسِلۡنَآ إِلَىٰ قَوۡمٖ مُّجۡرِمِينَ ٣٢

32}*Jannaanin, ummata badaa tokko balIeessu'uuf, ergamne.je'aniin.

لِنُرۡسِلَ عَلَيۡهِمۡ حِجَارَةٗ مِّن طِينٖ ٣٣

33}*Dhagaa biyye'erraa tolfamee , ibiddaan ffeelame , takkaa gubame .isaanitti dhangalaafnee, isaan fixu'uu jecha .

مُّسَوَّمَةً عِندَ رَبِّكَ

*Dhagaa rabbiin, if biratti, alaamaa itti godhee, maqaa nama dhagaa saniin du'uu ,irratti katabee,qopheyse .

لِلْمُسْرِفِينَ ﴿٣٤﴾

34}*Warra isatti balleessef kan dhagaa saniin , lafarraa isaan fixu.duuba dhagaa saniin ummata rabbitti dilaaye ,lafarraa fixu'uu yaanaa, je'aniin. ummanni badaan isaan balleessu'uu yaa'an urnmata (luuxij.isaan warra dhiiran walitti gara galanii, wal fu udhan duuba rabbiin ,nabi luux itti ergeeti , ummata kana, waan hamtuu tanarraa dhowwii je'een. haa tayuu isa dhagayuu didanii,dalagaa hamtuu san itti fufan .. hoggaa san rabbiin orma san balleessu'uuf jecha, malaa ykaa ergee, isaanii achitti yaa'u,nabi ibraahiimitti goranii, biyya luuxitti yaanaa, ummanni luux badu'uuf taa'a, je'aniin .Jennaan nabi ibraahiim ; urn mata luux keessa, warra rabbitti amaneetu jiraa, akkamitti hunda isaanii fixxan je'een? Jennaanin warra amane san, isaan keessaa baafnaa je'aniin ..nabi luux ilma obbolleessa nabi ibraahiimi.duuba malaay konni sun, nabi luuxifii , warra isatti amane, um mata badaa san keessaa baasanii, eegasii jibriil, biyya san yookaa ganda san, goflaa isaatin lafar raa buqqisee, samii keessa ol fageessee, eegasii gad gornbisee, gubbaa jala godheejala gubbaa godhee, awwaalee. Warra biyya sanii kan imaltuu j iru hoggaa inni galu dhagaa itti roobsanii, lafarraa fixan. kan nam tokko isaanirraa hin hafin warra arnane malee . Rabbiin akki je'e ;

فَأَخْرَجْنَا مَن كَانَ فِيهَا مِنَ الْمُؤْمِنِينَ ﴿٣٥﴾

35}*Waan nama amane taye,hunda ,ganda san keessaa baafne.isaanuu nama xiqqaadhaa

فَمَا وَجَدْنَا فِيهَا غَيْرَ بَيْتٍ مِّنَ الْمُسْلِمِينَ ﴿٣٦﴾

36}*Tanaaf jecha ganda san keessatti , Mana islaamaa tokko malee,hin garre manni tokkichi sun, mana nabi luuxi. warra isaa,kan isatti amane. jaartii isaa malee.duuba akkasitti ,namni kum dhib jaha gayu,ganda sanitti awwaalamee kuun dhawame dhume .

وَتَرَكْنَا فِيهَا آيَةً

*Gandoota luux san eessatti, alaamaa .waan namni gorfamuun dhiifnee jirra .

لِّلَّذِينَ يَخَافُونَ الْعَذَابَ الْأَلِيمَ ﴿٣٧﴾

37} *Warra azaaba rabbi, kan nama laalessu sodatuf warra,waan jara sanitti bu'eetu,nutti bu'aa soda'aaf , rabbitti amanuuf.waan gorsa tayu ganda luux san keessatti lakkifne .kan namuu arguu dandayu. alaaman sun,tan hanga ammaa jirtu ,ganda san gubbaa hara bishaan hadhaaya'aa,tan waa takka ke essatti ,hin jiraanne ciibse.tan afaan arabatti(buhgayratu luux) yookaa {bahgrulmayyit} je'amtu.akkana jechuun hara duutuu jechu' . isiin ordoniifii falasgxiin jid duu jirti tan cinaa falasgxiin israa'iil qabatte. tan waytii amma keessa jirru tana 1984 harka israa'iil jirtu .

وَفِي مُوسَىٰٓ

*Qissaa nabi muusa'aa keessa gorsaatu jira.

إِذۡ أَرۡسَلۡنَٰهُ إِلَىٰ فِرۡعَوۡنَ بِسُلۡطَٰنٖ مُّبِينٖ ٣٨

38}*Gaafa firkgawna mootii misratti erginee, qajeelchii akka amanu godhi jenneenii ,duuba itti dhaqee,iimaanatti isa yaamnan ,mukgjizaa mul'attuu agarsiisee.

فَتَوَلَّىٰ بِرُكۡنِهِۦ

*Firkgawna ashkara isatti irkatee ,takkaa humna isatti irkatee, waan nabi muusan isaan je'u,didee irraa gara galee (ruknihii ) jechuu humna isaa jechuu .

وَقَالَ سَٰحِرٌ أَوۡ مَجۡنُونٞ ٣٩

39}*Inumaa nabi muusa'aan falfalaa, takkaa maraataa .je'ee arrabse,nama,isa jibbisiisee,iimaanarraa ,isaan ittisu'uu jecha.duuba nabi muusan akka falfalaa hin tayin,akka maraataa hin tayin,akka ergamaa rabbii taye,mukgjizaa agarsiisee,akka amanu goonan, sanumaan wajji,amanuu dinnaan .

فَأَخَذۡنَٰهُ وَجُنُودَهُۥ

*Firkgawnaafii,ashkara isaa kan inni itti irkatee,rabbitti kafare san,qabnee fuunee

فَنَبَذۡنَٰهُمۡ فِي ٱلۡيَمِّ

* Bahgaritti darbinee, isaan fin'e .

وَهُوَ مُلِيمٞ ٤٠

40}*Isaa yookaa firkgawnaa,karaa jallinarraa jiru, an rabbi ifiin je'ee, ammallee nama haqa malee fixee

وَفِي عَادٍ

* Ammas wanni, ummata (kgaad) kan (iram) je'aman,kan rabbitti kafaretti bu'e ; warra rabbitti kafareef gorsa taati yookaa taya .

إِذۡ أَرۡسَلۡنَا عَلَيۡهِمُ ٱلرِّيحَ ٱلۡعَقِيمَ ٤١

**41}***Gaafa qilleensa masheena . itti ergine , isaan nabiyyicha isaanii {huud} dhagayuu didanii, kufrii itti fufnaan. Isaan qixaaxu'uu jecha, qilleensa jabaa itti ergine.

مَا تَذَرُ مِن شَيۡءٍ أَتَتۡ عَلَيۡهِ إِلَّا جَعَلَتۡهُ كَٱلرَّمِيمِ ٤٢

42}*Qilleensi sun, bubbee waan irra baate hunda, caccabsitee, dhukkee gootu malee, irran dabarre , takkaayuu hind hiifue, duuba akkasitti ummanni kgaad lafarraa dhumee takkaa fin'ee , warra biraatis yoo feene,akkas goonaa, rabbitti kafaruu dhiisaa .(Ramiim) jechuun waan dhume, yookaa biyyee taye, jechu'u .. qilleensi takkaa bubbeen rabbiin kgaaditti erge sun guyyaa saddeetifii halkan torba irra teessee ,waan jaarmaya taye hunda deeydee ,nama lafarra deemu fuutee ,akka shi-

nbirro'otti, samii keessa dabarsitee,goggogaa lafatti darbitee .lafarraa isaan fixxe.

*Waan ummata tharnuud jearnutti bu`e وَفِي ثَمُودَ

keessa, gorsa warri rabbitti kafare gorfamuuntu jira .. kan obboleessa isaanii (saalihg ) isaan rabbitti kafarraan itti erginee , isaan itti amanuu dinnaan , balaa itti buufne .

43}*Wanni isaanitti bu'e, gaafa nabiyy- إِذۡ قِيلَ لَهُمۡ تَمَتَّعُواْ حَتَّىٰ حِينٖ ﴿٤٣﴾

ichi isaanii{saalih) yoo amanuu baattan , guyyaa sadii booda , azaabatu isinitti bu'aa beekhaa ammoo hangasitti nyaadha' aa .dhuga' aa, waan Rabbiin isinii kenne,hundaan qanani'aa.iarnmoo yoo amantan nagaya baatanii jeeen .

*Duuba, waan nabiyyichi isaanii je'een فَعَتَوۡاْ عَنۡ أَمۡرِ رَبِّهِمۡ

dhugooomssuu didanii , Rabbitti amanu'urraa if guddisanii, ala tokko , kan Rabbiin mukgjizaa nabi sgaalihg godhe , kan hin tuqinaa yoo toyxan azaabatu isinitti buaa, je'een ajjeessanii,Rabbitti kafaran,hoggaa san Rabbiin qixaaxa isaanitti muree ,

*Ibiddi sarniii buee, takkaa bakakkaan sarniii buutee ,isaan dhooytee,saniin dhuman takkaa (Sgaakgiqaa) jechuun: iyyansa jabaa, onnee isaan baqaysu, kanjibriil itti iyye . فَأَخَذَتۡهُمُ ٱلصَّٰعِقَةُ

**44}** * Azaabni sun, oduma isaan ijaan وَهُمۡ يَنظُرُونَ ﴿٤٤﴾

laalanii arganuu isaanitti bue.maalif nabi{ sgaalihg} guyyaa sadii booda , azaabni isinitti buaa , boru fuulli keessan isin daalachooma , ifta an fuulli keesan isin diimata, iftaan taan fuulli keessan isi gurraachoma, ammoo guyyaa sadii booda, azaabni isinitti bua jeeen duuba hoggaa waan nabi sgaalihg jeeen, ifirratti argan , nabi sgaalihgiin siitu balaa ta na nutti fide .jeanii, ajjeesu'uu itti kaanii ,Rabbiin duraa baase .ammoo eega guyyaa sadiyiitii,guyyaa afreessaadhaa ,ibiddi, takkaa iyyansi , isaanitti ergamee dhuman .

*Jarri sun hoggaa azaabni itti buu kaanii duraa cayuu hin dandeenyee , namuu bakkumajirutti jilbaan lafa dhayee due فَمَا ٱسۡتَطَٰعُواْ مِن قِيَامٖ

**45}***Jarri sun warra humna isaanitiin , azaaba ifirraa deebisuu وَمَا كَانُواْ مُنتَصِرِينَ ﴿٤٥﴾

*Ammallee waan ummata nuuhgitti arg- وَقَوۡمَ نُوحٖ مِّن قَبۡلُۖ

ame keessa,gorsaatu jira, kanisaan Rabbitti kafarraan nabi (nuuhg) itti erginee , isaan isatti amanuu dinnaan, bishaanin lafarraa isaan fin'e. balaa isaanitti buufne san keessa,gorsa,warri Rabbitti kafare, gorfamuuntu jira, rabbiin nabi nuuhg,ummata isatti ergeeti,bara yookaa waggaa dhib sagaliifii ,shantama isaan keessa taae e.nama xiqqaa malee itti amanuu dhabnaan,nabi nuuhg warra kafare sanitti duaaii godhee ,duuba Rabbiin nabi nuuhgin, warra kafare san hunda,lafarraan fixaa,ati safiinaa tolfadhuu,warra sitti amaneefii,waan bineensa tayerraa .dhalaaafii dhiira fuudhii yaabb achiisi je'eenii akkasitti nabi nuuhg safiinaa tolchee, yaabbatee yaabbachiisee, rabbiin bishaan dachi'ii sarni'ii, orma kuffaaratti jiysee , lafarraa isaan fixe., ummanni (nuuhg) akkasitti dhumuun, ummatakgaadifii , thamuudifii , luuxifii,ummata firkgawnaa dura.

إِنَّهُمْ كَانُوا۟ قَوْمًا فَٰسِقِينَ ﴿٤٦﴾

46}*Wanni ummata nuuhg san, akkas itti kafarraa fixeef, isaantu warra rabbitti kafaree,karaa rabbirraa baye jecha'aafii, rabbiin nama isatti bailee sse, qaaxaroo qabaafmalee, qaxxa'uun hin dhiisuu

وَٱلسَّمَآءَ بَنَيْنَٰهَا

* Samii uurnnee, jaarrnaya isi'ii, tolchinee jirra.

بِأَيْي۟دٍ

*Harka takkaa humna teenyan

وَإِنَّا لَمُوسِعُونَ ﴿٤٧﴾

47}*Nuti dandeeytii, likkiin qabne, qabnaa takkaa makgnaan nuti uumaa sami'ii bal'ifnee uumne, jechu'. Maalif dachi'iifii, waan isi'itti mares kan akka haw'aa , bishaanii, hunda yoo sami'iin, wal maddii qabanii ,laalan samiin dachiin akka hamartii keessatti darbamteeti, xiqqeenya keessa .

وَٱلْأَرْضَ فَرَشْنَٰهَا

* AmmaIIee nuti dachii afuee , uumnee jirra,wanni bal'ifueef, takkaa afueef,akka isi'irra jiraatuu dandeess aniifii ,irratti waa jaarattanii ,qotattanii,irra yaatanii,itti fayyadamtani'iifi

فَنِعْمَ ٱلْمَٰهِدُونَ ﴿٤٨﴾

**48}** * Namni dachii tana , uumee akkatti afe,numa faarfame,inni Rabbii tokkichaa

وَمِن كُلِّ شَىْءٍ خَلَقْنَا زَوْجَيْنِ

*Nuti waa hundarraa , gosa lama lama uumnee jirra gosti lamaan dhiirafii, dhala'a ,miaafii hadhaa W. K.F .

لَعَلَّكُمۡ تَذَكَّرُونَ ۝٤٩

**49}** * Akka waan Rabbiin uume laaltanii , guddina isaa beytanii , itti amantaniif , akka namni wahayyurraa gosa lama, tan adda addaa uume, tokkicha dandeytii qabu, kan beekkomsa qabu tayuu , yaaddaniifi .

فَفِرُّوٓاْ إِلَى ٱللَّهِۖ

*Yaa iImaan aadam ammallee yaa ilmaan jinniii.gara Rabbii keessanii dheysaa, itti amanaa, waan Rabbiinji bbu, kan irraa isin dhoowwe,hundarraa gara waan Rabbiin jaalatuu ,kan itti is in ajajetti dheysaa, azaaba isarraa Rahgmata isatti dheysaa .

إِنِّي لَكُم مِّنۡهُ نَذِيرٞ مُّبِينٞ ۝٥٠

50}* An Azaaba Rabbiitan dirree bayee isin sodaachisaa, dubbiin tiyya adiii.waan isinirraa dhokatuu mitii, akka dubbiin tiyya dhugaa taate, Rabbiin mukgjizaa isin garsiisee jiraa ,azaaba Rabbii sodadhaaa amanaa.

وَلَا تَجۡعَلُواْ مَعَ ٱللَّهِ إِلَٰهًا ءَاخَرَۖ

*Rabbiif shariika hin godhinaa Rabbiin hiriyaa qabaa, fakkaataa qabaa, hin yaadinaa. inni tokkichaa Iamaa mitii yaadaa, mukaan Rabbi hin jeinaa , namaan Rabbi hin jeinaa ,jinni'iin Rabbi hin je`inaa .

إِنِّي لَكُم مِّنۡهُ نَذِيرٞ مُّبِينٞ ۝٥١

**51}***An azaaba Rabbii tan dirree bayee isin sodaachisaa, yon Rabbitti waa qindeessitan ni qixaaxamtanii beekhaa

كَذَٰلِكَ

* Akkuma ormi kuffaaraa kan ummata keetii.si arrabse ,

مَآ أَتَى ٱلَّذِينَ مِن قَبۡلِهِم مِّن رَّسُولٍ إِلَّا قَالُواْ سَاحِرٌ أَوۡ مَجۡنُونٌ ۝٥٢

**52}** *Warri kufaaraa kan isaan duraa, kan ergamoota keenya itti dhufe ergamoota keenya kijibsiisanii, ergamaa keenyan falfala ,takkaa maraataajeanii arra-bsanii,haalli isaanii,kana malee ,waan biraatii mitii,wanni kuffaarri siin jeu sin yaachisin.arraba hammaatun ,waan hin qabneen nama arrabsuun haala warra Rabbitti kafareeti , addunyaaa akhiraattan.isaan qixaaxee, isaan xiqqeessu'uu taa`aa

أَتَوَاصَوْاْ بِهِۦۚ

*Si ormi kuffaaraa, ergamoota keenya kijibsiisuu waliif dhaamanii ? sanii jeee ummanni hundi nabiyyicha isaanii kijibsiisu'urratti walii galaniif? lakkii,walii dhaaminsi akkas isaan hin dalaysiifnee

بَلْ هُمْ قَوْمٌ طَاغُونَ ﴿٥٣﴾

53}*Haatayuu wanni akkas isaan jachisiise , kan ergamoota Rabbii kijibsiisu'utti isaan kaase,iimaana dhabu'u.karaa Rabbirraa bayuu.aakhiraaatti amanuu dhabu'u . Rabbitti diIaayu. namni Rabbin sodaanne waanuma fedhe je' aa .

فَتَوَلَّ عَنْهُمْ

*Duuba ati orma kuffaaraa san irraa gara gali, amanuu dhabuun isaanii sin yaachisin.

فَمَآ أَنتَ بِمَلُومٍ ﴿٥٤﴾

54}*Namni maalif ormi kuffaara sun amanuu oole jeee si qabatu , takkaa si gaafatu hin jiruu.ati waan sirra jiruun dhaabbattee jirtaa ,ati wanni sirrajiru,diinaa Rabbii isaanitti geessu'uu.karaa haqaa isaan agarsiisuuu.eega itti geessitee ,amaanaa Rabbii guuttee , amanuufii amanuu dhabuun isaanii, harka Rabbiiti jirtii , namni si zigaalu hin jiruu .

وَذَكِّرْ

*Ati warra Rabbitti amane , tottooyadhuu , waan isaan irraanfatan isaan yaadachiisi , waan isaan hin beyne isaan barsiisi

فَإِنَّ ٱلذِّكْرَىٰ تَنفَعُ ٱلْمُؤْمِنِينَ ﴿٥٥﴾

55}*Yaadachiisu'uufii, gorsi , qalbii Rabbitti amante ni fayyadaa , takkaa ni jiisaa

وَمَا خَلَقْتُ ٱلْجِنَّ وَٱلْإِنسَ إِلَّا لِيَعْبُدُونِ ﴿٥٦﴾

56}*Dhagayaa, wannin namaafii jinni uumef waan biraatifii mitii, akka naaf gad jeaniifii.akka naatu isaan uumee beekhanii, tokkummaa tiyya yaadanii, na ibaadaniiifi.malee, haa addunyaa barbaadaf, olii gad ceyniiifii miti .

مَآ أُرِيدُ مِنْهُم مِّن رِّزْقٍ

* An isaan waa naa kennuu isaanirra hin barbaadu isaan nama biraatiib rizqii hiruu ,takkaa matuma isaanitiifuu , rizqii uummatuu , isaanirra hin barbaadu, maalifkan isaanifii, nama birallee razaqu,takkaa waa kennuu ,anaa.

وَمَآ أُرِيدُ أَن يُطْعِمُونِ ﴿٥٧﴾

57}* Ammallee an isaan na nyaachisuu , ammallee gabroattan kiyyaaf nyaata

uumuu , isaanirra hin barbaadu

إِنَّ ٱللَّهَ هُوَ ٱلرَّزَّاقُ

*Kan gabroottan razaqu kan nyaachisee. obaasu, kan haajaa nama baasu'uuf , if qabe, Rabbii tokkicha.

ذُو ٱلْقُوَّةِ ٱلْمَتِينُ ۝٥٨

58}*Rabbii dandeytii jabduu , guutuu qabu kan dadhabbiin , hogguma takka ittin dhufne .Bakka tanatti Rabbiin wanni nuu odeesse , akka inni waa takkattin haajamne , akka wanni biraa hundi gara isaa haajamtu,maalifisaatu isaan uumee , isumaatu waan isaan itti haajarnan hunda isaanif uuma tanaaf jecha wanni gabro ottan Rabbirraa barbaadamu , Rabbii isaan uume beekanii,waan biraa ibaaduu dhiisanii , isuma qofa ibaadu' Rabbiin nama biraa ibaadu'uuf isaan hin uumnee ammallee wanni gabroottan Rabbirra jiru ibaadaa Rabbii heddammeysanii jaalala Rabbii isaanii , idaatu . addunyaatti bolalanii ibaadaa Rabbirraa fagaatu'uu mitii .

Nabi Muhammad akki jee:( odoo dhugaaan Rabbitti erkattanii, silaa akka shinbirroo razaqutti , isin razaqa, mee laalaa, akka shinbirroon ga nama garaa qullaa baatee, galgala garaa guuttattee deebitu ) kan bakka tanaan waa argadhaa hin bayne .tanaaf jecha wanni ilmaan namaatifii ,ilmaan jinniirratti jiru Rabbii isaan uumetti,amananii waan inni jeu dhagayanii , isumatti irkatu.

فَإِنَّ لِلَّذِينَ ظَلَمُوا۟

*Orma Rabbitti amanuu dide , kan nabi Muhammad kijibsiisef.

ذَنُوبًا

*Qooda azaabatu jira .

مِّثْلَ ذَنُوبِ أَصْحَٰبِهِمْ

*Qooda azaaba kan akka qooda warra kafare .kan isaan dura dabree , kan Rabbiin azaaba itti buusee , lafarraa fixeeti qabanii, qixaaxamu'uuf taa'an , akka ummata nuuhgifii, kgaa`ifii , firkgawnatti ..

فَلَا يَسْتَعْجِلُونِ ۝٥٩

59} *Dafii azaaba nutti buusi je 'anii nan khadhatin waytiin fedhen,itti buusaa. Amma tayuu, booda tayuu , azaabni isaanitti buuudhaa taaaa.sun waan shakkiin keessa hin jirree .

فَوَيْلٌ لِّلَّذِينَ كَفَرُوا۟ مِن يَوْمِهِمُ ٱلَّذِى يُوعَدُونَ ۝٦٠

**60}** * Duuba warra Rabbitti kafare saniif azaaba jabaaatu jira,guyyaa qiyaamaaa kan Rabbiin guyyaa san keessa, azaaba jabaaan isaan qixaaxuuuf baallarna isaanii seene. guyyaa san keessatti , azzabamuuu ta`aan